

Sagantaa Riqicha Lixa Siyaatil Walga'ii hawaasaa barbaaachisaa

July 21, 2021



City of Seattle



Español
Tiếng Việt
普通話

Audio Settings ^

Chat

Raise Hand

Q&A

Closed Caption

Interpretation

Leave

Walga'iin kun banaa ta'uu isaa mirkaneessuu

- Sanduuqni ergaa fi kaameeraan hirmaattotaaf hin banamne
- Gaaffilee qabdan karaa sanduuqa G&D (Q&A) miiljala iskiriiniirra jirutti erguu ni dandeessu.
- Wayitii G&D'tti gaaffii keessan sagalee of kaaftanii gaafachuuf harka keessan kaasuu dandeessu.
- Gaaffii qabdan gaafachuuf sakandiiwwan 45 qabdu.
- Qaxxaamurri sooftiweerii dubbistuu iskiriinii kan armaan gadii ni dabalata.
- Alt + Y harka keessan baasuuf ykn deebisuuf
- Alt + A ammoo sagalee cufuuf ykn banuuf

Ajandaa

- Ibsa yaada waliigalaa Repair updates
 - Yaadachiisa suphaa
 - Low bridge'tti fayyadamuu
 - Lixa Siyaatil deebisanii qunnamsiisuu
 - Naannooma turaa; dursaa karoorfadhaa
 - Qo'annoo jijjiirraa riqichaa
- Dabaree G&D
- Beellamuu



Obsa keessan yeroo maraaf isin galat eeffanna



Question and Answer

Welcome to Q&A

Questions you ask will show up here. Only host and panelists will be able to see all questions.

Type your question here...





Polls

Yaadachiisa suphaa

Heather Marx, SDOT

July 21, 2021



City of Seattle

High bridge irratti maaltu uumame?

- Riqichi sun sakattii yeroo hedduu taasifameen caasessa riqicha sanaa irratti baqaqaawwan erga mul'atanii booda March 2020 irraa eegalee cufaa dha.
- Baqaqaawwan kan uumaman jalqabuma wayita ijaarame sababa 'post-tensioning' riqicha sanaa gahaa ta'uu dhabuu isaatiin kan uumame ta'uu hin oolu.
 - Post-tensioning strands' kunnenis koordiiwwan riqicha sana walitti hidhanii fi konkiriiticha jabeessan dha.
 - Riqichi sun sadarkaa ijaarsaa yeroo sanaatti ijaarame.
 - Diizaayinii fi sanadoota ijaarsaa keenya wayita ilaallu mudaan ykn dogoggorri kamuu hin argamne.
- Nuyis hatattamaan hojii tasgabbeessuu ariifachiisaa kan hojjenne yommuu ta'u, hojiin kunis baqaqaawwan sunneen akka itti hin caalle akkasumas riqichi sun dhaabbatee akka turu gochuun milkoofnee jirra.



Supha: Tooftaa si'ataa deebisnee banuuf gargaaru

- Cufiinsi riqichichaa hawasasa Lixa Siyaatil fi Sulula Duwamish'tif hudhaawwan hedduu uumee jira.
- Ji'a November keessa, Kantiibaan Jenny Durkan riqichi kun amma suphamee gara fuula duraatti ammo akka bakka bu'u beeksisee jira.
- Hojiin suphaa sochii tiraafikaa gara Lixa Siyaatilitti taasifamu deebisanii jalqabsiisuuf tooftaa isa si'ataa dha.
- Riqichi kunis walakkaa bara 2022'tti deebi'ee banamuuf hojjetamaa jira.



Riqichi walakkaa bara 2022'tti deebi'ee banamuuf hojjet amaa jira.



Hirmaannaa Uummataa

Yaadachiisa Supha Riqichaa

Wanti nuyi hojjenne:

- ✓ Maallaqa argannee jirra
- ✓ Supha dabalataa beeksisuuf riqicha sanaaf to'annoo taasfneerra
- ✓ Kontiraaktara ijaarsaa: Kraemer North America filanne
- ✓ Hojjetoota zip codes miidhamoo ta'an irraa qacaruuf waliigaltee garee misoomaa hawaasaatti fayyadamuuf USDOT'tti iyyanneerra
- ✓ Jalqaba ji'a kanaatti bu'uura diizaayinii walakkaa geenyerra.


Maaltu itti aana:

- Kraemer waliin ta'uun 'fall' kana diizayinii suphaa xumuruu
- Marsaa 2 (deebisanii dandamachiisuun) ijaarsi boodarra waggaa kana jalqaba
- Riqichi kun walakkaa bara 2022'tti debi'ee banamuuf karoofameera



Tasgabeessi high bridge inni jalqabaa dhuma bara 2020'tti Kraemer North America, dhaabbata hojii (deebisanii dandamachiisuu) marsaa 2 hogganuuf jiruun xumurame.

Namootni riqicha kana irratti hojjechaa osoo jirani yoom isaan argina?



Low Bridge

Maureen Sheehan, SDOT


July 21, 2021



City of Seattle

Spokane St Swing Bridge (Low Bridge)

- Cufamuun hidh bridge sararoota daandii 7 gara Lixa Siyaatil geessanii fi irraa deebisan akka dhabnu nu taasiseera.
- Low bridge quunnamsiiftota isaan murteessoo keessaa tokko – ta’us, tiraafika high bridge keessaa naannoo 1/5 qofa keessummeessa
- Low bridge kun dooniiwwan galaanaatiif banaa ta’uunsaa konkolaattota hangamtu riqicha kanatti fayyadama isa jedhu caalaatt daangessa
- Sochii tiraafikaa low bridge irraa daangessuun konkolaattotni muddamsaa akka irra cehan mirkaneessuuf barbaachisaa dha.
- Daangessawwan jiran konkolaattotni dhimma muddamsaf deebii kennan, kan tiraaziitii fi fe’umsaa nageenyi isaanii eegamee fi yeroodhaan dursa akka argatan gochuuf kaa’aman.



Gara gadii hin deemiinaa!

- Sa'aatii dhorkametti low bridge irra wayita konkolaachifan hunda tikeetiin gatiinsaa \$75 ta'e isiniif kennama
- Sa'aatiiwwan dhorkaa guyyaa hojiitti 5 AM hamma 9 PM'tti; guyyaa boqonnaa (Sambataa fi Dilbata) ammoo 8 AM hamma 9 PM'tti dha



YAADACHIISA

- Low bridge konkolaattota muddamsaa, tiraanziitii fi fe'umsaaf banaa akka ta'anii turan gochuu barbaadna.
- Low bridge kunis yeroo mara namoota lafoo, dhokdhokkeen deeman, ykn sigigaataniif banaa dha.

Low bridge eenyutu fayyadamuu danda'a?



Low bridge irra lafoo deemuu fi dhokdhokkee fayyadamuun yeroo mara hayyamamaa dha

Imalootni murtaa'an yoo iyyata dhiyeffatanii fi hayyamni kennameef deemsa ariifachiisaa fi hin karoofamiiniif hayyama seensaa yeroo kennaa jirra. Isaanis:

- Namoota waldhaansa fayyaa baraarsa lubbuu hordofaa jiran
- Hojjetoota waldhaansaa wayita bilbilamuuf socho'an
- Riistoraantotaa fi biiznasiiwwan qinxaaboo Lixa Siyaatil bu'uureffatan
- Biiznasiiwwan Galaanarraa/ Indastirii
- Miseensotni Longshore Idil addunyaa fi Warehouse Union (ILWU) karaa Duwamish wayita bobba'an
- Imalawwan Mootummaa (Magaalaa Siyaatil, IPort of Seattle, King County, WA state, Ejensiiwwan Federaalaa, kkf.)

Imalootni hundinuu low bridge'tti fayyadamuu isaaniin dura iyyata dhiyeffachuu, ulaagaale akka guutan agarsiisuu fi SDOT hayyama argachuu qabu.

Ulaagaa sana guuteera jettanii yaadduu? Hayyama seensaa argachuuf

seattle.gov/transportation/lowbridge irratti iyyadhaa

Jalqaba bara 2022'tti hayyamni seensa low bridge ni jijjiirama



- Imalawwan biiznasii fi waldhaansaaf January 2022'tti hayyamni seensaa yeroof kennamu ni xiqqaata.
- Terminal 5 deebi'ee banamuun, low bridge kanarra guyya guyyaatti konkolaattota fe'umsaa hedduu ni simata.
- Hayyama seensaa hangam xiqqaa? SDOT kan itti aanu tilmaama keessa galchaa jira:
 - Riqichi kun sa'aatii tokkotti konkolaattota hangamii baata
 - Riqichi kun wayita dooniiwwaniif banamu tiraafikni hangam saffisee banaa ta'a
 - Daataa qo'annoo fayyadamtoota si'anaa

Tarkaanfiwwan itti aanuu

- Humna low bridge to'achuu ittuma fufna
- Hayyama seensaa isa kamtu baay'ee barbaachisaadha kan jedhu ilalchisee waan hawaasarraa dhageenye hojiirra oolchuu itti fufna.
- Odeeffannoo jijjiirraa waa'ee seensa low bridge isiniif qooduu itti fufna. Odeeffannoo haaraaf, marsariitii keenya daawwachuu fi galmaa'uun hariiroo keessan nutti hidhadhaa.



An aerial photograph of a multi-lane highway bridge spanning a city and a body of water. The bridge has several concrete support pillars. In the background, there are city buildings, a large stadium, and hills. The word "Poll" is overlaid in the center of the image.

Poll

Lixa Siyaatil Deebisanii Quunnamsiisuu

Sara Zora, SDOT

July 21, 2021



City of Seattle


Dhiibbaawwan cuf amuu riqichaa

Cufamuun riqichaa nama kamuu irra dhiibbaawwan ijoo geessise jira

- Muddamsa tiraafikaa fi yeroon imalaa dabaleera
- Saffisaa fi nageenya imaltoota lafoo
- Dhiibbaawwan naannoo fi fayyaa


Dhiibbaawwan rakkisoo hawaasa South Park, Highland Park fi Georgetown – sarara daandii jijjiirraa irra jiran qe’ee isaanii keessatti dabaluu sochii tiraafikaan dararamaa jiru

Dhiibbaawwan cufamuu riqichichaa jiraattota siyaatil uummata adii hin taanee fi galii gad-aanaa qabaniin qixa hin rakkifne.



Fooyyessa dhiibbaawwan kanneen hir'isuuf gargaaran

- Muddamsa sochii tiraafikaa salphisuuf fi eegumsa nageenyaa guddisuuf piroojektootni tiraafikaa 200 ol ta'an xumuramanii jiru.
- Yeroo mallattoo tiraafikaa, mallattoolee fi odeeffannoo sirrii yeroo isaanii eeggatan itti fufiinsaan keessa deebi'anii fooyyessuu
- Piroojektoota filatamoo hawaasaa hojiirra oolmaaf qophaa'an



Qe'ee Naannoo Manaa (Home Zones)

Saffisa konkolaattotaa gad xiqqeessaa akkasumas daandiiwwan irra deemuun akka danda'amu taasisaa. Kana armaan gadii itti dabaluu:

- Daangessituu saffisaa
- Daandiiwwan cehumsa lafoo
- Si'eessuu fi miidhagsuu

Qe'eewwan tiraafika daandii jijjiirraan dhiibbaan harka caalu isaanirra gahe:

- South Park
- Highland Park
- Georgetown



West Marginal Way SW Fooyyessawwan

Piroojektiwwan xumuraman:

- Mallattoolee daangessa saffisaa 30 MPH fi mallattoolee duubdeebii raadaarii
- Karaa lafoo cina daandii gama lixa Duwamish Longhouse jiru

Ijaarsa fall 2021 itti aanee dhufu:


- Mallattoo yeroof fi qaxxaamura daandii (crosswalk)
- Tuqaalee daandii konk.kan biiznasii banaa taasisan

Riqichi Lixa Siyaatil erga deebi'ee banamee booda kan ijaaramu:

- Sarara daandii gam-lamee fi paarkiingii daandiirraa eegumsi taasifamuuf



Fooyessoot a kan West Marginal Way fi Highland Park Way



- Sochii tiraafikaa fooyessuuf ijaarsi July 17 eegale
- Dhiibbaawwan gad-aanaa tiraafikaa (harka caalu hojiin guyyaa boqonnaa; ganama subii 3:00AM eegala)
- Guyyaa akka xumuramu eegamu: September 30

Qaama furmaatichaa ta'aa! Naannooma turaa; dursaa karoorfadhaa

Sara Zora, SDOT

July 21, 2021



City of Seattle

Waggaa dabalat aa tokkootu nu hafa


- Daangessawwan COVID-19 kaafamuuf fi high bridge deebi'ee banamuu gidduu gara waggaa tokkoo qabna
- Hundi keenya riqichoota jijjiirraa sanarra yoo konkolaachifne, high bridge COVID'n duraa irra akkuma konkolaachifneen, riqichootni jijjiirraa tiraafika tajaajiluu danda'aniin dachaa keessummeessu
- Gamtaan hojjechuun muddamsa tiraafikaa sadarkaa kanatti quunnamu haa ittisnu



Seattle
Department of
Transportation

Hey, West Seattle!
Stay Local and Plan Ahead

As the city reopens, traffic on West Seattle detour routes will continue to increase.



Save time and plan ahead before you leave.

Discover your travel options:

<https://bit.ly/traveloptions206>



Maal akka waliin hojjechaa

- October irraa eegalee, Lixa Siyaatil keessatti, waggaatti sa'aatiiwwan tiraanziitii 30,000 dabaluu
- Filannoowwan imalaa dhiyeessuu fi beeksisuuf ejensiiwwan, hawaasa, fi biiznasiwwan biroo waliin michoomuu
- Hawaasni waa'ee filmaatawwan jiranii fi qusannaa maallaqaa akka baran gargaaruuf King County Metro waliin ta'uun dhuma ji'a August'tti sagantaa tumsa jajjabeessituu eegalchiisaa jirra.
- Mana taa'anii hojjechuu, vanpools fi dhokdhokkeen imaluu barsiisuuf hojjechiiftota sadarkaa naannoo waliin hojjechaa jirra.
- Sal the Salmon odeeffannoo isiniif ta'u qopheesseera.
- Sal out miidiyaa hawaasaa irraa hordofaaa!



Sal the Salmon has tips for you to get around. Check Sal out on Social Media!

Filannoon tooftaa imalaa keessan nama hunda irratti dhiibbaa geessisa

Tooftaa imalaa keessan jijjiiruun ulfaataa dha. Sagantaa imala tokkoollee yoo jijjiirtan, dhiibbaa ni uuma/jijjiirama fida!

- Lafoo deemaa, sigigaadhaa, dhokdhokkee ykn scoot fayyadamaa
- Awtoobisii ykn bidiruu fayyadamaa
- Carpool ykn vanpool
- Turaati naannoo keessanii bitadhaa
- Sa'aatii muddamsa tiraafikaan ala konkolaachisaa, sarara daandii jijjiirraa filadhaa, tasgabbiin konkolaachisaa, qe'eema turaa



Odeeffannoo faayidaa qabeessa marsariitii keenya:
bit.ly/traveloptions206 irra ilaalaa



Qo'annoo jijjiirraa Riqichaa

Wes Ducey, SDOT


July 21, 2021



City of Seattle

Jijjiirraa isa dhumaa High-Rise Bridge

- Jijjiirraa Riqicha Lixa Siyaatil yeroo dheeraa fudhatu sanaaf ji'a June'tti qo'annoo eegalleerra
- Sararri wal xaxaan kun yeroo fuula dura keenyaatiif qofa hudhaa kana caalu ni qabaata jedhaa tilmaamaa
- Riqichi suphame waggoottan kurnan dabalataaf akka turutti hojjedhaa
- Yeroon isaa wayita gahu riqicha kana jijjiiruuf qophii ta'uu keenya mirkaneessuuf ammumaa tarkaanfii fudhachaa jirra



Jijjiiruudhaaf amma maaliif karoofanna?

- Suphaa fi karoora jijjirraadhaaf qajeelfama Kantiibaa Durkan hordofaa
- Magaalattiin dhimmi muddamsaa biroon hin eegamiin yoo mudate ariitiin deebii kennuu akka dandeessu taasisaa
- Barbaachisummaa koriidarii, akkasumas kan dhokdhokkee, lafoo deemtota, fi filmaatawwan tiraanziitii, dabalataanis, kan carraalee argama iddoo hubadhaa
- Nuyi riqicha kana gara fuula duraatti yeroo ta'etti jijjiiruu waan barbaadnuuf, kanneen hedduu keessaa tarkaanfii jalqabaa

Tarkaanfilee itti aanan Adeemsa Qo'annoo Karoora Magaalichaa

- Gabaasa argannoo wixinee jijjiirraa yeroo dheeraa kan fall bara 2021
- Sound Transit of the Port of Seattle waliin qindoomina cimaan hojjedhaa
- Qo'annoo yaadaa fi bu'aa qabeessummaa dhuma bara 2021'tti xumuraa
- Odeeffannoo dabalataaf ykn galtee dhiyeessuuf marsariitii keenya daawwadhaa

REPLACEMENT PLANNING STUDY SCHEDULE

2021		
June	Q3	Q4
<ul style="list-style-type: none">▪ Launch high bridge replacement planning scope and schedule	<ul style="list-style-type: none">▪ Feasibility findings▪ Introduce core concepts▪ Draft planning study	<ul style="list-style-type: none">▪ Final planning study

Poll

Tooft aalee odeeff annoo haarawaa itti argattan



Tuuta ykn dhaabbata keessan waliin qabatamaan nu quunnamuuf nu affeeraa



Yaada keessan qooduuf Email nuuf ergaa ykn nuuf bilbilaa

WestSeattleBridge@seattle.gov or (206) 400-7511



Odeeffannoowwan email torban torbaniif marsariitii keenya:

www.seattle.gov/WestSeattleBridge
daawwadhaa



Seattle
Department of
Transportation

West Seattle Bridge Weekly Update

Every Friday, we're sending this email to keep you informed about our progress to stabilize the bridge, our efforts to address traffic and mobility, and other items related to the West Seattle High-Rise Bridge closure.

In this week's update:

- [High-Rise Bridge Stabilization update](#)
- [This Weekend: Paving work on 16th Ave SW and Potential Striping on the Low Bridge](#)
- [November 16 Mayor's Virtual West Seattle Bridge Town Hall](#)
- [November 19 Community Task Force Meeting](#)



Temporary work platforms enable crews to do important stabilization work on the West Seattle High-Rise Bridge, and offer a unique view of the Low Bridge.

High-Rise Bridge Stabilization

Mayor Durkan Observes Progress

Mayor Jenny Durkan visited the West Seattle High-Rise Bridge in the wind and



Q&A session

Question and Answer

Welcome to Q&A

Questions you ask will show up here. Only host and panelists will be able to see all questions.

Type your question here...



Galat oomaa!

seattle.gov/WestSeattleBridge

